**Namni Cooma Quufe, Sangaa Adii Manattii Jibba!**

Yeroo har'aa quufni ilmaan TPLF Tigraay, Oromiyaa keessatti faagaa ba'eeti daangaa cabsee, ***namni Cooma Quufe Sangaa Adii Manatti Jibba*** akka Oromoon jedttu sanadha ta'e.

Oromiyaan ilmaan isheef hin taane malee dhugumatti biyya dureettiidha. Ilmaan Tigraay kun Oromiyaa biyya dureettii kanafi uummattoota kibbaa akkasumas guutummaa biyyattii erga dargii arihanii itti darbanii gabroonfatanii as, quufanii akka ta'an wallaalanii sadarkaa seeraafi heeraan bitamuu bira darbanii sadarkaa sodaa Waaqaas ta'e heera addunyaatiin jiraachuu tuffachuutti cehanii tuffii maal fiddiitiin, safuu dhabatti qaanii tokko malee farda salphinaa fe'atanii baxaraanummaan garmaaman.

Finfinneen lafa Oromiyaati. Sanuu han'uura. Kana Waaqatu godhe. Heerri biyyattis ifatti lafa kaayee jira. Keeyyatni 49/6 kana hin haalle. Hinumaatuu Oromiyaan faayidaa addaa Finfinnee irraa argatuu akka qabdu muree haqa Oromiyaa lafa kaayeera. Haata'u malee wanti ta'aa tureefi ta'aa jiru ammoo faallaa heera mootummaa biyya kanaati.

Abbaa biyyummaa Oromiyaa kana mulqaa turani. Gama seeraan heera tumamee taa'e kana hojiirra oolchuuf kan socho'e tokkollee hinjiru. Hamma danda'ametti dhoksaatiin wayta garii ammas ifatti lafa Oromiyaa kana yeroo akka qircaatti hiratan kan argaa turreefi jirudha.

Dhaabni OPDO ofiin jedhu silaayis akka inni Oromoof hin dhaabbatneefi ofis hin dhaabne hundaafuu icciitii miti. Mirga Oromoof falmuuf akeekkatanii kan dhaabbatan miti. Diinni isaaniin haguuggatee nusaamuuf kan isaan hundeesse ta'uu beekamaadha. Kanaafuu isaan hamlee akka kanaa kan ittiin mirgi sabakoo haakabajamu jedhanii

dhaabbatan uumamaan hundeeffama ofiirraayyu hin qaban. Kan dhaabbatanis faaydaa Tigraay eegsisuuf malee mirga Oromoo eegsisuuf miti. Ilmaan Oromoo qulqulluun muraasni dhaaba kana keessatti argamanis ta'an tokkollee faayidaa Oromiyaan Finfinnee irraa argachuu qabdu kan heera mootummaa federaalaa biyyattii irratti caqasame kana kabajsiisuuf gaafate tokkollee hin argamne.

Kunis, ilmaan Tigraay warra akka bixxilleetti isaan bixxille sodaa malee, haqa Oromiyaan qabdu wallaalaniis; Oromiyaan akka fayyadamtu jibbaniis garuu akka hin taane akka namummaatti ni hubatna.

Garuu gaaffii kana yoo kaasan akka lama hin bulle beeku. Kanaaf **"ani garaan achi narraa haajedhu malee ormi waan fedhe haajedhu"** jedhanii faayidaa dhuunfaa isaanii hambaa tigrootaa irraa argatan kanaaf jecha afaan isaanii dammaan maraganii otoo arganii ijaafi gurra isaanii qabatanii taa'aa gadaa afur lakkoofsisan.

Sababaa faayidaa Oromiyaan Finfinnee irraa argachuu qabdu kan heerri mootummaa kaayu kana kabajsiisuuf socho'uu dhabuu OPDOtiin OPDOfi Oromoo kan tuffatan TPLF ilmaan Tigirootaa kun ammoo "Ija jaraa ilaallee asuu bulla" akka keessummaan jette san, Saalfiifii soda OPDO kana ilaalanii itti dhiimma ba'uuf, isa ifaafi dhoksaan saamanii maqaa investmentiin qonnaan bulaakeenya buqqisanii waggaa 99f liiziitiin gurguraafi ofiifis tola fudhachaa turan bira darbanii ammammoo gonkumaa mataagalanii biyyuma isheeyyuu seeraan dhaaluuf seera ittiin abbaa biyyummaa Oromiyaa dhaalan baasan.

Akkuma "Namni cooma quufe sangaa adii dallayaa keessatti jibba" jedhan, hiyyeessa Oromoo isaan jibbisiise.

Abbaa biyyummaa Oromoo gurraan dhagahuu isaan jibbisiise. Lafa Oromoo saamanii garmalee quufanii sooromanii investera ta'aniiru. Kanaaf hiyyeessa biyyattii ijaan argaa jibban. Akka malees hadheeffatanii balfan. Buqqisanii arihuuf fedhan. Kanaafis seera baasan.

Warri wayyaanee, Lafti kan fiiwudaalaa miti lafti kan qotee bulaati gaaffii jedhuuf deebii kennine, lafti kan qotee bulaati jechuun waraqaa abbaa qabeenyummaa qonnaan bulaa kan mirkaneessu waraqaa eenyummaa yeroo itti isaan qonnaan bulaa keenyaaf rabsan televizyiina harka isaanii jiruutiin argaa bane.

Haata'u malee qonnaan bulaan lafa isaa kana ammoo bilisaan yoo barbaade qotachuu ykn gurgurachuu akka danda'utti harka mootummaatii baasanii kan qonnaan bulaa kana hin goone. Lafti har'as akkuma kale harka mootummaa akka jiru icciitii miti. Gabaa bilisaa gabaa bilisaa jechaa erga biyya mooksaa turanii as deebi'anii ammas "Biyyittiin deemokraasii liyoo leeberaalizimii yoo miyyuu hinfudhattu nuti kan hordofnu ideology sooshaalizimiiti" jechuun ifa godhaniiru.

Kanaaf saa'aa barbaadan lafti kan mootummaati jechuun qonnaan bulaa keenya buqqisanii gurgurachuu seera qabeessa godhatan. Gama tokkoon lafti kan abbaa qabeenyaa kan qonnaan bulaati jechaa gowwoomsaa, gama kaaniin ammoo lafti kan mootummaati jedhu. Lafti hin bitamu hin gurguramu jechaa isaaniif garuu, gurguruunis bituunis mirga jechuudha.

Lafa biyya keenyaa har'a kan bituufi gurguruus danda'u Tigreedha.

Mootummaan lafa gurguraa jiru Tigreedha. Kan investera ta'ee bitus Tigreedha.

Kana yeroo jennu Lafa Oromiyaa kana gabaa addunyaaf dhiheessuun biyyootii dureeyyiifi humna qabeeyyii akka saaminsa lafaa kana irratti isaan waliin hirmaatanii, isaan irrattis bor dhiibbaa hin gaggeessine, faayidaa walkeessa dabarsuun gabrummaa Oromoo irratti jabeessanii guduunfachuuf hiddasaanii Oromiyaa keessa darbee chaayinaa keessa, Turki keessa indiyaa keessa, biyyoota Arabaa fi kkf keessa kaawwatanii akka saaru gochuun sakaalanii tumsa jabeeffatanii gad qabanii gabrummaan akka nurraa hiikkachuu hin dandeenyetti gugguduunfaa turaniiru.

Biyyoota akka USA, UKfi France faa ammoo sababaa shororkeessummaan gabbaraanii walitti hidhachuusaaniis otoo hin dagatiin.

Namichi tamboofi alchooliin afaansaa tortore sagalgaaltuun dameen tikaa wayyaanee Getaachoo ……kan amma ……mootummaa wayyaanee ta'ee bakka isa hin fakkaannetti argamu kun illee Oromoo seexana jedhee kan arrabseef gaaffii Oromoo kana shororkeessummaa musliimotaa wajjiin wal qabsiisuuf yaalii godhu irraa akka ta'e beekamuu qaba.

Akka inni yaadutti shororkeessitoota waraanna warri jedhan kanneen akka USA, UKfi  Fancefaa yeroo mediatiin shororkeessummaa balaaleffatan cigootiin ergaa amantii isaanii keessa dabarfachuuf seexanoota jedhanii waan arrabsanii ibsa baasaniif, innis michuu isaanii ta'uuf ergaa dabarfachuu isaati. Oromootiin yeroo inni seexanoota jedhu gaaffiin amantaa nama kanaa ykn group Tigrootaa kun maalidhaa? Gaaffiin jettu warra adii kana biratti akka kaatu fedheeti. Kana qofaa otoo hin taane hawaasa Oromoo keessaas ta'e, qabsaawota Oromoo keessatti qoodi musliimaa guddaa waan ta'ef warra adii kana

biratti qabsoo Oromoo kana shororkeessummaafi gaaffii amantaa wajjiin wal qabsiisanii akka ilaalan shakkisiisuuf akeekeeti.

Gaafa Oromoo seexanoota jedhu kana walumaa galatti ofiif ammoo garee warra leellistoota farra shororkeessitootaa ofiin jedhanii of gochuusaa akka ta'e hubadhaa.

Haa ta'u malee seexanni eenyu? Seexanni amala maal qabaa?

Amalli Waaqayyoo gaarummaadha. Dhugaaf haqaaf dabarsanii uf kennuudha. Warra kaaniif jiraachuudha. Gaaromina tarreeffamee barreeffamees dhumuu hin dandeenyedha.

Amalli seexanaa ammoo ufittummaadha!! Faayidaa ofiif jecha warra kaan dabarsanii kennuu, gansuu saamicha, ajjeechaa, gara jajeenya, kkf

Egaa Oromoofi Tigiree keessaa kam keenyatu gaarummaa qabaa? Ykn gaarominaan beekamaa? Kam keenyatu ammoo ufittummaatiin, saamichaan gara jabeenyummaan, ajjeechaan, gansummaan beekamaa?

Eenyutu amala Waaqayyoo ykn hordoffii Waaqayyoo qabaa? Eenyutummoo amala seexanaa qabaa?

Kana uummatuma Tigree mataa isaaniif yoon dhiise wayya. Kana isaanuu tolchanii waan beekaniif.

Dubbii keenya irratti seexanni waan kana yoo naaf goote malee ykn ammoo akkana akkana yoo naaf guutte malee sin ajjeessa jedhee akka namootatti dhaadatuufi gochuu baannaanis akka isaan galaafatu namootni amanitii ykn hafuuraa ni dubbatu. Kana jechuun seexanni dictator hamaadha jedhuudha.

Abbaay Stahaayyeehoo dhihoo kana maal jechaa turee? Master pilaaniin dirqamaan hojiirra oola. Ykn likkiitti isin galchina …. Jedhee roorrisaa hin turree? Dictatorummaan kana caaluufi seexanummaan kana caalu eessaa dhufaree?

Kanaa achi ammoo Hogganaama isaanii kan ture Mallasaa Zeenaawii illee seexaana wajjiin michumaa qabu namoonni biyyaa maal odeessuu? Seexaanni ammoo dhumarratti akka isheen nama gantuufi nama dabarsituhoo beekamaa mitii? Innis har'a hafuura abaaramaa isaatu jira malee yoom dhumnisaa toleree?

Warri TPLF har'as kan socho'an hafuura seexanaan akka ta'e eenyu wallaalee?

Waraabessi biyya ishee hin beekne dhaqxee gogaa naaf afaa jette jedhu, tan akka warra keessan TPLF fi tan akkakee kanadha! Obbo geetaachoo?

Eeenyummaa keessan Oromootti hin haqatiinaa. Hin bari'u seetaniis manatti hin hagiinaa.

Dubbiin Finfinnee, hinquufu jedhee tuttufaa bule akkuma jedhan sana isin gooti. Gaarummaa isaa amma harkuma keessaniin wadaroo/haada ofirraa hiikkachuu hin dandeenye mormatti of keessaniittu.

Eenyummaan keessan gaafa dhugaan saaxilamu ammoo maqaa keessaniin namni akka yaamamu gochuuf hin yaaliinaa.

Wayyaaneen shiftaa gammoojjiiti turte. Bara 1991 gara maafiyaa magaalaatti geeddaramte.

Bara 2014 ammoo Vaampaayera dhiiga ilmaan namaa xuuxu Sheexaana dhugaa taate. Mootummaan wayyaanee mootummaa sheexanaati.

Wayyaaneen ammas akkuma seexanaa galata hin qabdu. Oromiyaa irratti beelaa baate. Oromiyaa irratti quufte. Deebitee ammoo akkuma Nama Cooma quufee sangaa adii manatti jibbee sana taate. Har'a heeraaf seera jibbite, hiyyeessa lafarraa jibbite, haqa jibbite, dhugaan geeshoo geeshoo itti jedhe, ishee qoorrifachiise.

**Namni Cooma Quufe Sangaa Adii Manatti jibba!!** (Kutaa lammaffaansaa itti fufa…)

**(Hariiroo Jorgootiin, Qeerroo Bilisummaa Oromoo-Oromiyaa!!)**